Latvia

# DAATAAN DHUUNFAA KOO MAALIIF GARA EURODAC TTI DABARFAMA?

GOSA F

NAMOOTA CAASEFFAMA DEEBISANII DHAABUU FI SEENSA NAMOOMAA JALATTI KAAYYOO ADEEMSA SEENSAA GAGGEESSUUF GALMA'AN



OROMO

## BARRUU KANA MAALIFAN FUDHADHA?

Biyya Miseensota Gamtaa Awurooppaa (EU) tti deebitanii qubsiifamuuf ykn gargaarsa namoomaaf galmaa’uuf yaadamaa jirtu.

Barruun kun daataa aangawootaan kuufamuu fi yeroo hammamiif akka kuufamu odeeffannoo dabalataa kenna.

## DEEBI'ANII QUBSIIFAMUU FI SEENSI NAMOOMAA MAALI?



Biyya Miseensota Gamtaa Awurooppaa tti deebisanii qubsiisuuf ykn gargaarsa namoomaaf akka seentan yaadamaa jirtu. Kana jechuun dhimmi keessan Ejensii Baqattootaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UNHCR) ykn dhaabbata dhimmi ilaallatu kan biraatiin madaalameera jechuudha.

Biyyi Miseensota Gamtaa Awurooppaa keessaa tokko amma biyya sana keessa akka jiraattan isin simatanii eegumsa idil-addunyaa ykn sadarkaa eegumsa namoomaa isiniif kennuuf walii galuu isaanii murteesseera.

## ASHAARAA QUBAA FI SUURAA KOO MAALIIFAN KENNUU QABA?

Angawoonni biyya kana keessa jiran ashaaraa qubaa fi suuraa keessan ni fudhatu.
Daataan kun odeeffannoo eenyummaa keessanii fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo waliin gara kuusdeetaa Eurodac tti ni darba.

Eurodac namoota gosoota murtaa'oo lammiilee biyya EU+ hin taane ashaaraa qubaa fi suuraa addaa isaanii waliin walqabsiisa.

Kuuseetaan kun biyyoota EU+ 31 kanneen odeeffannoo keessan argachuuf daataa keessan adeemsisuu danda'aniin fayyadamama.

Isaanis kanneen kana ni sakatta'u:

- yoo duraan biyya EU+ keessatti haala eegumsaa sirrii ta'e qabaattan
- yoo duraan Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaatiin deebisanii qubsiisuuf ykn gargaarsa namoomaaf fudhatama argattaniittu ta'e
- yoo iyyanni keessan waggoota 3n darban keessatti sababa nageenyaatiin Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaatiin fudhatama dhabeera ta'e
- yoo waggoota 3n darban keessatti, Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaa keessatti galmaa'uuf eeyyama keessan hin kennine ykn hin deebifne ta'e.

Biyyi Miseensa Gamtaa Awurooppaa odeeffannoo keessan galmeessitu jalqaba irratti kanneen armaan olii keessaa tokko isin ilaallatu yoo ta'e qofa ni sakatta'u. Sadarkaa kanatti odeeffannoon keessan Eurodac keessatti hin kuufamu.

**Amma Latvia kan biyya EU+ taate keessa jirtu.**
**Biyyoonni EU+ kan ta'an:**

Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa (EU) 27: Awustiriyaa, Beeljiyeem, Bulgaariyaa, Kirooshiyaa, Qoophiroos, Cheek, Deenmaark, Istooniyaa, Fiinlaand, Faransaay, Jarmanii, Giriik, Hangaarii, Xaaliyaan, Laativiyaa, Luutaaniyaa, Luugeembarg, Maaltaa, Neezerlaand, Poolaand, Poorchugaal, Rippaabilika Aayerlaandii, Roomaaniyaa, Isloovaakiyaa, Isloovaaniyaa, Ispeen, Siwiidin fi

biyyoota biroo 4: Ayislaand, Lechtenistiyaan, Noorweey, Siwiizerlaand

# ODEEFFANNOO AKKAMIITU EURODAC KEESSATTI KUUFAMA?



Odeeffannoon armaan gadii yeroo hunda ni kuufama:

- ashaaraa quba keessanii
- suuraa fuula keessanii
- maqaa amma ykn kanaan dura itti fayyadamtan hunda
- guyyaa dhaloota keessanii
- bakka dhaloota keessanii
- sabummaa ykn lammummaa keessan
- saala keessan
- waraabbii sanadoota eenyummaa ykn imalaa fayyadamtan, bakka jiru, odeeffannoo waa'ee dhugummaa isaanii dabalatee
- ID fayyadamaa qondaala ashaaraa qubaa fi suuraa keessan fudhatee fi guyyoota daataa keessan itti fudhatamee fi itti darbe
- Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaa kan seensaaf isin galmeesse fi bakka fi guyyaa kun itti raawwatame.

Odeeffannoon armaan gadii bakka barbaachisaa ta'ettis Eurodac keessatti ni kuufama:

- yoo Biyyi miseensa Gamtaa Awurooppaa odeeffannoo keessan galmeesse isin simachuu fi eegumsa idil-addunyaa ykn namoomaa isiniif kennuuf walii gale, guyyaa murtiin kun itti kenname
- yoo Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaa galmaa'een hin seenne ta'e, guyyaa murtoon kun itti murtaa'ee fi sababa isaan isin galchuu didaniif
- kana booda gara Biyya Miseensota Gamtaa Awurooppaatti deebitanii qubsifamuu hin barbaanne, murtoo mataa keessaniin, yookiin adeemsa kana keessatti tumsa akka hin goone aangawoonni kun yoo amanan, fakkeenyaaf af-gaaffii irratti yoo hin argamne.

Odeeffannoo dogoggoraa Eurodac keessatti kuufame argachuu fi fooyyessuu fi odeeffannoon keessan seeraan ala yoo qabame akka haqamu gaafachuuf mirga qabdu. Kana gochuuf too'ataa daataa qunnamuu dandeessu. Odeeffannoon quunnamtii to'ataa daataa barruu mata dureeO**deeffannoon kan biraan Eurodac keessatti ni kuufamaa'** jedhuun argamuu danda'a.

# DAATAA DHUUNFAA KOO EURODAC KEESSA YEROO HANGAMIIF KUUFAMA?



Murtii irratti hundaa'a garuu kanneen kana ta'uu danda'a:

- Waggaa 5, biyyi galmeessitu yoo isiniif eeyyamte ykn
- Waggaa 3, biyyi galmeessitu sababa nageenyaatiin isin galchuu yoo didde ykn
- Waggaa 3, kana booda galmaa'uu akka hin barbaanne yoo murteessitan ykn aanga'oonni sababa isin tumsa hin goone irraa kan ka'e ta'uu isaa yoo amanan.

Yeroon kun osoo hin xumuramiin lammummaa yoo argattan daataan keessan ni haqama. Yoo daataan keessan haqame, kun biyya lammummaa itti argattan keessatti haala keessan irratti dhiibbaa hin geessisu.

Yaadannoon kun odeeffannoo qofaaf kan qophaa'edha. Ofii isaatii mirga ykn dirqama hin uumu. EUAA nis ta’ee namni EUAA bakka bu’ee hojjetu kamiyyuu odeeffannoo yaadannoo kana keessatti argamutti fayyadamuu danda’uuf itti gaafatamummaa hin qabu.

© Ejensii Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa, 2025